Oromiyaa

Lakk. 364

Oduu

Hawaasaatti guyyaan sabootaa, sab-lammootaafi ummatoota Itoophiyaa sirna ho'aan kabajame

Kan bara 2001 ammoo Oromiyaatti kan ayyaaneffamu ta'uun beekame.

Sadaasi 29, guyyaan sabootaa, sab-lammootaafi ummattoota Itoophiyaa magaalaa guddittii mootummaa S/S/U/Kibba Itoophiyaa kan taate Hawaasaatti sirna ho'aadhaan kabajameera.

Sirni bakka bu'oonni saboota, Sab-lammootaafi ummattoota Itoophiyaa 70 ol ta'an irratti hirmaatan kun Sadaasa 29 bara 2000 ganama keessaa sa'atii sadii irratti Ob. Shifarraa Shugguxee haasaa godhaniin, banamee gareewwan hawwisoo 69 qophii aadaa sabootaafi sab-lammoota isaanii calaqqisiisu duraafi duubaan waltajjii irratti dhiyeessuun sirnichi daran akka bareedu taasisaniiru.

Ob. Girmaa W/Giyoorgis, pireezideentiin R/Demok/Federaala Itoophiyaa sirnicha irratti haasaa godhaniin, "Heerri mootummaa Sadaasa 29 raggaasifame walqixxummaa sabootaa, sab-lammootaafi ummattootaa mirkaneesseera. Har'a gama hundaanuu injifannoowwan gurguddoon galmaa'aniiru. Saboonniifi sab-lammoonni ofiin of bulchaa guddina gamtaafis socho'aa jiru." erga jedhanii booda, itti fufuunis, dhaloonni har'aa haala mijaa'aa kanatti fayyadamuun ciminaan hojjetee hiyyummaa seenaa gochuu akka qabu dhaamaniiru.

Ob. Daggifee Bulaa, af-yaa'iin mana maree Federeeshiniis gama isaaniitiin akka jedhanitti, har'a biyyi keenya biyya saboota sab-lammootaafi ummattoota walqixxummaan isaanii sirna demokraatawaan mirkanaa'e ta'uu ishee eeranii, garaagartee miidhagina qabuufi miidhagina tokkummaa cimaan irraa madde kan keessatti

uumame waan ta’eef deemsi gaariin kun gama nageenyaa, demokraasiifi misoomaatiinis itti fufee hiyyummaa seenaa taasisuun akka irra jiraatu ibsaniiru.

Haaluma kana fakkaatuun simpooziyamii jalabultii guyyaa ayyaanichaatti Sadaasa 28/2000 qophaa’e irratti kan hirmaataniifi sirna ayyaanichaa irrattis kan argaman keessaa, barataa Tsaggaayee Duubee, Yunivarsiitii Finfinnee irraa kan afeerame akka nutti himetti, “Sadaasa 29 guyyaa saboonni, sab-lammoonniifi ummattoonni biyya keenyaa gabrummaa bara dheeraa jalaa bilisa itti ba’anidha. Har’a S/S/Ummattoonni biyya keenyaa doofummaa balleessuufi hiyyummaa seenaa taasisuuf, biyya keenya gara sadarkaa biyyoota galii giddugaleesaa qabanitti ol guddisuuf yeroo itti tattaafatan ta’uu qaba” jedheera.

Yunivarsiitii Hawaasaatti I/A Pireezidaantii Tokkummaa Barattootaa kan ta’e Barataa Abiyoot Kabbadaas, Kana booda barattoonni garaagarteen miidhagina, miidhaginni ammoo tokkummaa barattoota gidduutti uumee socii dhaloota dhufuuf tokkummaa cimaa tursu adeemsisuu malee, akka kaleessaa garaagarteen sabummaa lolaafi waldiddaa fidu kan hin uumamne ta’uu ifa taasiseera.

Guyyaan ayyaana S/S/U Itoophiyaa bara 2001 naannoo Oromiyaatti akka kabajamu kabajamoo Abbaa Duulaa Gammadaa, Pireezideentiin M.N.O. fudhatanii, saboonni, sablammoonniifi ummattoonni Itoophiyaa waggaa har’aa Oromiyaa argamanii akka ayyaaneffatan carraa kanaan waamicha dhiyeessaniiru.

Leenjiin gaggeessitoota hundee dhaabaa deemsifamaa jira

Gaggeessitoonni hundee dhaabaa 95,115 ol ta’an, hundee dhaabaa kuma jahaafi dhibba shaniifi afurtamii tokko naannicha keessatti argamanirraa baba’anii giddugaleessa aanaalee dhibba lamaafi shantamii saddeet keessatti leenji’aa akka jiran Ob. Tasfaayee Lammii wajjira gidduu galeessa Dh.D.U.Otti hogganaan damee karooraafi sagantaa beeksisan.

Leenjiin kun Sadaasa 21 irraa jalqabee bultii kudha shaniif akka kennamuufi kanarratti gaggeessitoonni hundee dhaabaa 95,115 gandoota 6,541 irraa baba’an hirmaaakka jiran odeeffannoo argameerraa hubachuun danda’ameera.

Bal’ina oduu kanaa Balballoomii irra ilaalaa.

Godinichatti qorannoo sabsii duraa taasifameen callaan kuntaalli miliyoona 18 ni argama jedhame

Godina Shawaa lixaatti bara oomisha 1999/2000tti lafa heektaara kuma 767 ol irratti midhaan gosa addaddaa faca'uusaatiifi qorannoo sabsii duraa taasifameen callaan kuntaalli miliyoona 18 ol ni argama jedhamee akka tilmaamamu ibsame.

Ob. Baqqalaa Nagawoo itti aanaa hogganaan wajjira misooma qonnaafi baadiyaa godinichaa akka ibsanitti, bara oomishaa 1999/2000tti lafa heektaara 767,175 irratti midhaan gosa addaddaa faca'uusaa eeraniiru. Itti fufudhaanis, qorannoo sabsii duraa taasifameen callaan kuntaala miliyoona 18.8 ol ni argama jedhame akka tilmaamamu dubbataniiru.

Bara 1998/99 lafa heektaara 750,717 irraa callaan kuntaala miliyoona 17 ol argamuusaa hogganaan kun ibsanii, bara oomisha 1999/2000tti lafti kanaan dura hin qotamne qotamuusaatiin, qonnaan bulaanis qophii dursaa taasisuusaatiiniifi caalmaatti teknoloojiiwwan addaddaatiin fayyadamuusaatiin callaan argamu dabaluu akka danda'u dubbataniiru. Itti fufuudhaanis bara oomishaa 1999/2000 xaa'oo yuuriyaafi daappii kuntaalli 192,504, sanyiin filatamaa gosa addaddaa kuntaalli 5,473 ol akkasumas, qorichi aramaa leetira 37,061, "BBM" 2,011 qonnaan bulaaf qoodamuusaa addeessaniiru.

Gaggeessitoonni hundee dhaabaa gandoolee kuma jahaa olirraa baba'an leenji'aa jiru

Naannoo Oromiyaatti gaggeessitoonni hundee dhaabaa gandoolee kuma jahaa ol irraa baba'an leenji'aa akka jiran Ob. Tasfaayee Lammii waajjira gidduu galeessa Dh.D.U.Otti hogganaan damee karooraafi sagantaa beeksiisan.

Leenjifamtoonni kunneen hundee dhaabaa kuma jahaafi dhibba shaniifi afurtamii tokko naannicha keessatti argamanirraa baba'anii giddu galeessa aanaalee dhibba lamaafi shantamii saddee keessatti leenji'aa akka jiran kan dubbatan Ob. Tasfaayeen, akkaataa seera ittiin bulmaataa dhaabaatiin baatii sadiin konfiransiin hundee dhaabaa akka gaggeeffamu eeraniiru. Leenjii ammaa adda kan taasisu iddoo hundaatti biifa walfakkaataa ta'een harca'ina tokko malee leenjifamtoonni guyyaa kudha shaniif akka leenji'an taasifamuusaatii jedhaniiru. Itti fufudhaanis, leenjifamtoonni kunneen baatii Sadaasaa 21 irraa eegalee bultii kudha shaniif wiirtuulee dhibba lamaafi shantamii saddeet keessatti leenji'aa akka jiran addeessaniiru.

Gaggeessitonni hundee dhaabaa kunneen gandoolee nannicha keessatti argaman kuma jahaafi dhibba shaniifi afurtamii tokko ganda ganda irraa namoonni kudha shan filatamanii walumaa galatti namoonni 95,115 ol ta'an wiirtuulee armaan olitti eeramee keessatti leenji'aa akka jiran hoggantichi ibsaniiru. Itti dabaluudhaanis, namoonni filataman kunneen iddoo hundatti namoota ummata biratti fudhatamee qabaniifi hojiidhaan adda duree ta'an ta'uu isaaniifi kaayoo dhaaba keenyaa, akkasumas, imaammataafi tarsiimoo mootummaan baase sirriitti hubatanii kutannoon hojjechuu danda'aniifi miseensa hogganuu danda'an filatamanii leenji'aa akka jiran dubbataniiru.

Leenjiin kun sochii hawaasummaa, dinagdeefi siyaasaa irratti, akkasumas, ijaarsa sirna demokraasii, bulchiinsa gaariifi kanneen biroo irratti xiyyeeffatamee akka kennamaa jiruufi wantoonni leenjichaaf barbaachisan martuu sadarkaa gidduu galeessaatti qophaa'ee, namoonni leenjii kana kennanis, aanaalee hundarraa baba'anii dursaan oreenteeshiniin isaaniif kennamuusaa Ob. Tasfaayeen eeraniiru. itti fufudhaanis, gaggeessitoonni hundee dhaabaa martuu kaayoo dhaabaa, akkasumas, imaammataafi tarsiimoo mootummaan baase sirritti hubatanii miseensotaafi deeggartoota keenya miliyoonaan lakkaawwaman gaggeessuuf leenjichi hidhannoo cimaa akka ta'uuf addeessaniiru. Gama biraatiinis filannoo fuul-duraatti gaggeeffamu keessatti kaadhimamtoota ummata biratti fudhatama qaban, akkasumas tumsa hiyyummaa keessaa ba'uuf taasifamu keessatti adda duree ta'anii hojjetaniifi kallattii hundaanuu ummata kutannoon

tajaajiluu danda’an dhiyeessuudhaan filannoo bilisaafi demokraata’aa ta’e keessatti injifannoon ba’uuf qophiin bal’aan taasifamaa akka jiruufi leenjifamtoonnis kanarratti hubannoo cimaa akka qaban leenjichi gahee ol’aanaa akka qabu hoggantichi eeraniiru.

Xumurarrattis leenjifamtoonni kunneen leenjii kana sirritti hordoofuudhaan, hojiirra oolchuuf kutannoon hojjechuu akka qaban Ob. Tasfaayeen hubachiisaniiru.

Ijoo Dubbii

Sadaasa 29, guyyaa Xombora bilisummaa

Ayyaanni guyyaa saboota, sab-lammootaafi, ummattoota Itoophiyaa Sadaasa 29 bara 2000 haala ho'aafi ajaa'ibsiisaa ta'een magaalaa Hawaasaatti kabajameera. Kabajni ayyaanichaa heerri mootummaa federaalawaa demokraatawaa rippaabilika Itoophiyaa Sadaasa 29 bara 1986 ragga'uu isaa wajjin wal qabatee kabajamuu kan eegale ta'uun isaa ni beekama. Heerri mootummaa kun ammoo wal-caalmaafi wal-tuffii sabaafi sab-lammoota ummattoota biyyattii gidduu bara dheeraaf ture kan hambise, lammiin, amantaan, sabni, sab-lammiiniifi ummanni hundumtuu wal-qixxee ta'uu isaanii kan mirkaneesse, sabaafi sab-lammoonni ummattoonni hundumtuu loogii tokko malee aadaa, seenaafi qooqa mataa isaanii akka dagaagfatan, misooma naannoo isaanii fedhii, kaayoofi hooggansa mataa isaaniitiin akka guddifatan, walumaa gala mataa isaanii akka bulchaniifi carraa mataa isaanii akka murteeffataniif wabii amansiisaa kan kenne waan ta'eef waliin jireenya ummattoota biyyattiitiif kakuu isa ol'aanaadha.

Kana waan ta'eef, ayyaanni guyyaa saboota, sab-lammootaafi ummattoota Itoophiyaa guyyaa heerri mootummaa itti ragga'e, Sadaasa 29 wajjin walqabatee kabajamaa jira. Saboonni, sab-lammoonniifi ummattoonni biyyattiis guyyaa kana, guyyaa aduun bilisummaa itti baate, guyyaa carraan eenyummaa isaanii itti mirkanaa'e seexaafi miira guddaadhaan ba'anii haala seena qabeessa ta'een kabajaniiru, fufiinsaanis ni kabaju.

Guyyaan ayyaana saboota, Sab-lammootaafi ummatootaa bar-dheengaddaa, sadaasa 29/1999 magaalaa Finfinneetti, iddoo bakka bu'oonni sabaafi sab-lammootaafi ummattootaa hedduun, keessummoonni biyyaa keessaafi biyya alaa afeeraman argamanitti haala ho'aa ta'een kabajamee kan darbe yemmuu ta'u, sirni kabaja ayyaanichaa sabaafi sab-lammoota biyyattii gidduutti jaalala, wal-amantaafi tokkummaa cimaa uumuuf ga'ee guddaa kan qabu ta'uusaa hubachiiseera. Barana ammoo dhaadannoo hangafaa "Garaa gartummaan keenya miidhagina keenya, miidhaginni keenya ammoo tokkummaa keenya" jedhu mata-duree godhatee magaalaa Hawaasaatti kabajameera. Ayyaanichi barana kabajame kun, ayyaana sabootaa, sab-lammootaafi ummattootaa bar-kumee kanaa isa jalqabaa ta'uun isaafi, naannoo sabaafi sab-lammoota ummata kibbaa, iddoo sabaafi sab-lammoonni ummattoonni hedduun argamanitti kabajamuun isaa ho'inaafi miidhagina caalmaa qabu akka argatu isa taasiseera.

Ayyaanichi miidhaginaafi ho'ina caalmaa qabu argateera yemmuu jedhamu garuu, sabaafi sab-lammoonni hedduun, meeshaa aadaa qaban qabatanii, uffata aadaatiin faayadamaniifi fardaan

garmaamanii, weedduu sirbaafi ragadaadhaan ayyaanicha kabajuu isaanii qofaa ajaa'ibsiifachuu keenya miti.

Ayyaanichi kanaan olittis kaayoofi ka'umsa guddaa qaba. Akkuma armaan olitti kaafne, ayyaanichi jalqaba bar-kumee kanaatti kan kabajamu ta'uun isaa kaka'umsa hojiifi seexaa guddinaa mul'achuu eegaletti caalmaan fayyadamuuf ka'umsa gudda ta'a. Ka'umsa guddaa uumame kanatti fayyadamnee akkaataa barbaadamuun hojjennaan ammoo akkuma karoorfame guddina misooma dinagdee biyya keenyaa si'achiifnee biyya keenya, biyyoota adduunyaa galii giddu galeessa qaban cina hiriiruu dandeenya.

Kana qofaa miti, sabaafi sab-lammoonni biyyattii heddummina qaban fedhiifi miira tokkoon, wal-jaalalaafi wal amantaan walitti dhufanii ayyaana isaanii kabajachuun isaanii kana booda garaa gartummaan sabummaa, garaa gartummaan amantii sababa diigaa ta'uun isaa hafee seenaa haaraan galmaa'uu akka eegale hubachiisa. Kana booda garaa gartummaan keenya miidhagina keenya, miidhaginni keenya ammoo tokkummaa keenya ta'eera. Ayyaana kana sirbaafi ragadaadhaan kabajuurra darbinee tokkummaadhaan misoomaaf, guddina biyyaafi nageenya amansiisaa mirkaneessuuf tattaafachuu qabna. Yeroo kun dhugoomu, firoota keenyaaf gammachuu, diinota keenyaaf ammoo gadda ta'a.

Aaga Badhaadhinaa

“Oomisha gabaarratti barbaadamu oomishna”

Ob. Guutaa Dhugumaa

Biyya keenya hiyyummaa keessaa baasuuf tattaaffii taasifamaa jiru keessaa inni ijoon qonnaan bulaan oomisha qonnaa gabaarratti barbaadaman irratti xiyyeeffate oomishuudhaan galii dabalataa akka argatu taasisuudha. Kana fiixaan baasuufis karoora qabaman keessaa inni tokko ulaawwan misoomaa haala qilleensaa, qabeenya uumamaa, taa’umsa lafaafi aadaa hojii giddu galeessa godhate hojiirra oolchuudhaan bu’ura kanaanis qonnaan bulaan akka itti fayyadamu taasisuudha. Ulaawwan misoomaa kanneen keessaa ammoo, ulaan misoomaa giddu galeessa Oromiyaa isa tokkodha. Ulaan misoomaa kun godinaalee Shawaa bahaa, dhihaa, kaabaa, akkasumas Shawaa Kibba lixaa giddu galeessa kan godhatedha. Baajanni hojii kanaaf ramadame birrii miliyoona kudhanii ol yemmuu ta’u, xiyyeeffannoon isaa inni ijoon oomisha midhaaniirratti ta’ee kana wajjinis, horii gabbisuu oomisha dammaa, akkasumas kuduraafi muduraan hojjetamaa jiru, keessaayyuu godina Shawaa lixaatti bal’inaan hojjetamaa jiru.

Aanaalee godina Shawaa lixaa keessaa tokko kan ta’e aanaa Dandii keessatti sochiin taasifamaa jiru kanuma mirkaneessa. Ob. Mangistuu Margaa itti gaafatamaan waajjira misooma qonnaafi baadiyaa aanichaa akka ibsanitti, bara oomisha 1999/2000 aanaa Dandiitti lafti heektaara 59,590 ol qotameera. Qorannoo sabsii duraa taasifameenis, oomishnii kuntaalli miliyoona 1.1 ol ni argama jedhame tilmaamameera. Ulaa misoomaa wajjinis wal qabatee, qonnaan bultootaaf leenjiin kennameera. Namoonni dhibba torbaa ol sangaa gabbisaa jiru. Akkasumas, biyyoo kootichaa heektaara kuma saddeet irratti qamadiin adii kan faca’e yemmuu ta’u, kanarrattis qonnaan bultoonni kuma kudha afurii ol hirmaataniiru. Shumburaa shaashoo lafa heektaara jahaatamaarratti faca’uusaafi qonnaan bultoonni dhibba lamaa ol hirmaachuusaanii odeeffannoo waajiricharraa argame ni ibsa.

Qonnaan bultoota hojii kanarratti bobba’an keessaa Ob. Guutaa Dhugumaa, jiraataa ganda Calalaqaa Boree akka nutti himanitti, kaayoofi faayidaa misoomaa ilaalchisee leenjii fufiinsa qabu argataniiru. Mee isaanumarraa haa hubannu, “ulaan misoomaa kun oomisha gabaarratti barbaadamu akka oomishnu, lafa xinnoorraa, oomisha baay’ee akka argannu, teknoloojii addaddaatiin akka fayyadamnu nugargaareera. Kan duraan caalaa ciminaan akka hojjennu humna nuu ta’eera. Ani fakkeenyaaf waggaa sadii dura waan tokko hin qabu ture. Achiin booda boonaafi ganna hojjedhee abbaa qabeenyaa ta’eera. Magaalaatti mana ammayyaa’aa ijaareera. Bara dheengaddaa shumburaa kuntaala 24, xaafii kuntaala 46, qamadii kuntaala 40, oomisheera.

Barana ammoo shumburaa, qamadii, misisraafi kanneen biroo irraa walumaa galatti kuntaala 200 ol nan argadha jedheen tilmaama. Sangoota sadii gabbisaan jira. Kanaan dura sangaa gabbisee birrii kuma jahatti gurgureera" jedhaniiru. Ob. Guutaan adda durummaa isaaniitiin badhaasa addaddaa argataniiru. Wayita ammaa namoota digdama wajjin qindoominaan hojjechaa jiru.

Karaa wal-fakkaataa ta'een Ob. Mokonniin Haabta wald jiraataa ganda Calalaqaa Boreeti ekisteenshinii paakeejiitti fayyadamuudhaan faayidaa ol'aanaa argachuu isaanii nutti himaniiru. Isaanis bardheengaddaa abishii kuntaala 24 oomishuudhaan kuntaala tokko herrega birrii 1,200n gurguraniiru. Xaafii kuntaala 42, qamadii kuntaala 25, shumburaa kuntala 17 sanyii filatamaa oomishanii waajjirri qonnaa aanichaa isaanirraa biteera. Ob. Mokonnin bara 1998 gurgurtaa oomisha addaddaarraa birrii kuma 170 argataniiru. Wayita ammaa baabuura midhaan daakuu lama qabu. Mana ammayyaa'aa lama, baankiitii birrii kuma 50 ol qabu. Gara fuul duraa investimeentii irratti bobba'uuf fedhii qabaachuusaanii akkasumas baranas, abishii, abasuuda, shumburaa, qamadii, xaafiifi kanneen biroo irraa kuntaala dhibba tokko ol nan argadha jedhanii akka yaadan nutti himaniiru.

Ob. Dirribaa Buttaa, qonnaan bultoota armaan olitti akka fakkeenyaatti kaafne wajjin ollummaan waggaa hedduuf jiraataniiru. Isaanis ta'an, qonnaan bultoonni biroo hojii isaanii akka fakkeenyaatti fudhachuudhaan faanasaanii bu'aniiru. Isaanis akkuma Ob. Guutaafi Mokonninitti qonnaan bulaa adda duree ta'uuf murannoon hojjechaa akka jiran nutti himaniiru.

Akkuma armaan olitti eeruu yaalletti bu'aawwan argaman kanneeniif gaheen hojjettoota misoomaa ol'aanaa dha. Ob. Kabadaa Dabalaa hojjetaan misoomaa gandichaa akka dubbatanitti, gandicha keessa abbootiin warraa 525 kan argaman yemmuu ta'u, hundumtu oomisha midhaanii wajjin sangaa gabbisuu, oomisha kuduraafi muduraa, akkasumas horsiisa kanniisaarratti bobba'anii hojjechaa jiru. Teknoloojii haaraatiin akka fayyadaman, wanta argatanis qusannoon akka dhimma itti ba'an akka barsiisaa jiran Ob. Kabbadaan dubbataniiru.

Egaa sochii qonnaan bultoota kanneenii akka fakkeenyaatti kaafne malee, misoomni gandichaa kan ija nama hawatudha. Qonnaan bultoonni waa'ee ulaa misoomaa hubannoo gahaa argatanii, "hojiin kun faayidaa ol'aanaa qaba" jechuudhaan marxifatanii ciminaan hojjechaa jiru. Oomishaawwan gabaarratti barbaadamanirratti xiyyeeffatamee hojjetamuunsaa ammoo, qonnaan bulaan galii dabalataa akka argatu taasisuusaarrayyuu, guddinni dinagdee waggootii afuriif galmaa'e, waggootii dhufan keessattis haala amansiisaa ta'een akka itti fufu kan taasisudha.

Kunuunsa biyyoo

Rakkoolee oomishaafi oomishtummaa gad-xiqqeessan keessaa inni tokko asiidii biyyoo keessatti argamudha. Rakkoon kun sababa garaagaaraatiin uumamu danda'a. Asiidiin biyyoo keessatti argamu kun xaa'ummaa lafaa miidhuudhaan oomishni argamu akka gad xiqqaatu ykn gonkuma oomishni akka hin argamne taasisuu danda'a. Biyyoon asidii qabaachuufi dhisuu isaa meeshaa "PH" jedhamuun fayyadamuudhaan beekama. Rakkoo kana maqsuuf bara oomishaa 1997/98 irraa eegalee xiyyeeffannoon itti kennamee hojjetamaa jira.

Naannoo Oromiyaattis iddoowwan rakkoon kun baay'inaan argama jedhame yaadamutti xiyyeeffannoon itti kenname hojjetamaa jira. Odeeffannoon Biiroo misooma qonnaanfi baadiyaa Oromiyaarraa argame akka addeessutti bara 1998 godinaalee Shawaa lixaa, Wallagga bahaa, Wallagga lixaatti aanaalee kudha tokko keessatti iddoowwan hojjetanii agarsiisuuf filatamanitti qonnaan bultootaaf leenjiin kennameera. Bardheengaddaa ammoo godinaalee kanaan dura turan wajjin, godinaalee Jimmaa, Iluu Abbaa Booraa, Gujii Boranaa aanaalee kudhan keessatti iddoowwan hojjetanii agarsiisuuf filataman qonnaan bultoota dhibba jahaafi shantamaa oliif leenjiin kennameera.

Gama biraatinis leenjii fufiinsa qabu kennuu wajjin asiidummaa biyyoo maqsuuf iddoowan filatamanitti bal'inaan hojjetamaa akka jiru odeeffannoon argame dabalee addeesseera.

Rakkoo kana maqsuuf akka fala tokkootti kan gargaaru, biyyoo asiidii qabu nooraa wajjin makuu, xaa'oo uumamaa kan akka kompoostii fayyadamuu, lafee daakuudhaan biyyoo wajjin makanii dhimma itti ba'uu, akkasumas, biqiltuuwwan rakkoo kana dandamatan kanneen akka anaanaasii, odongoree, bunaafi kanneen biroo fayyadamuu ni barbaachisa. Haata'u malee, wantoota armaan olitti eeraman fayyadamuun dura gorsa ogeessotaa argachuun murtessaa dha.

Walumaa galatti oomishaafi oomishtummaa guddisuu keessatti rakkoon armaan olitti eerame kun guufuu ta'uusaa hubachuun murteessaadha. Kanaafis gorsa ogeessotaa argachuudhaan hiyyumma lafaa sababa, asiidii biyyo keessattin dhufuu maqsuun barbaachisaadha.